Equalities In Health

**Claiming your Travel Costs if you are an Asylum Seeker: Oromo**

NHS Greater Glasgow and Clyde



# Nama Koolu-galtummaa gaafachaa jiru yoo taatan Baasiiwwan Geejjibaa keessan Gaafachuu

Nama koolu-galtummaa gaafataa jiru yoo taatan, iyyatni keessan fudhatama kan hin arganne yoo ta'eyyuu, baasiiwwan geejjibaa keessan tajaajila fayyaa irraa gaafachuu dandeessu. Kana jechuun, yeroo gara hospitaalaa deemtanii fi achii deebitanitti awutoobusii, baabura ykn bob'aadhaaf maallaqa isin baastan deebisnee isiniif kennina jechuudha.

Barruun kun baasiiwwan geejjibaa gaafachuuf waan isin barbaachisu isiniif ibsa.

Odeeffannoo dabalataaf ykn baasiiwwan keessan gaafachuuf gara Waajjira Qarshi-qabaa/qabduu deemaa. Hospitaala hundumaa keessa waajjira tokko tokkotu jira. Akkamitti akka argattan beekuuf miseensa hojjettootaa kamiyyuu gaafadhaa ykn barruu kana isaanitti argisiisaa.

## Maal maaliifan gaaffii dhiyeeffachuu danda'a?

**Awutoobusii, baabura, bidiruu nama deddeebisuu fi kkf –** Maaloo tikeetii keessan qabadhaatii gara Waajjira Qrashi-qabaa/qabduu fidaa.

**Konkolaataa –** Imala isin gara hospitaalaa deemuu fi achii deebi'uuf gootaniif tilmaama maayilii siniif baasnee isiniif kennina.

**Ajjabamuu –** gara beellama keessanii namni isin ajjabee akka isin geessu yoo barbaaddan, namni isin ajjabu sunis baasiiwwan geejjibaa gaafachuu danda'uu mala (maaloo kun dursee akka isiniif mirkanaa'u godhaa)

Bifa geejjibaa caalaa rakasa ta'e qofatu kaffalamuu danda'a.Gorsaa keessan waliin waliif-galameera yoo ta'e malee, fknf sababa dhimmoota sosochii irraa kan ka'e, baasiiwwan taaksii deebisnee hin kaffallu.

## Maal fidee dhufuutu narraa eegama?

Qarshi-qabaan/qabduun baasiiwwan keessan akka isiniif kaffaluuf/tuuf, kanneen armaan gadii dhiyeeffachuu qabdu.

1. Kaardii Galmee Iyyata (Application Registration Crad, ARC) keessanii. Haga ammaatti tokkoyyuu hin qabdan yoo ta'e, xalayaa beekamtii keessan fiduutu isinirra jira.







2. Xalayaa beellama keessanii ykn Unka Gaaffii Baasiiwwan Geejjibaa Dhukkubsattootaa

3. Awutoobusii, baabura, bidiruu nama deddeebisuu fi kkf'f gaafataa kan jirtan yoo ta'e, maaloo tikeetiiwwan keessan fidaa kottaa.

**Gara Waajjira Qarshi-qabaa/qabduu yeroo deemtan, fuula barruu kanaa isa kan biraa, baasiiwwan geejjibaa keessan isiniif kennuuf maal gochuun akka isaanirra jiru kan ibsu, isaanitti argisiisuu dandeessu.**

Equalities In Health

NHS Greater Glasgow and Clyde



# Information for Cashier's Office

This leaflet has been produced specifically for asylum seekers wishing to claim travel expenses.

Asylum seekers, including failed applicants, qualify for reimbursement of travel expenses.

They must produce an Application Registration Card (ARC) as proof of their entitlement which details their name, date of birth and nationality as well as their photograph and fingerprints.







If this has not yet been issued they must present a time limited, standard acknowledgement letter which can be used until they receive an ARC.

Note that only asylum seekers are eligible - this does not apply to other types of application such as those made under Human Rights legislation.

It is unlikely that an asylum seeker will have access to a bank account so reimbursements should be made in cash.